Talaalliwwan COVID-19: Maaltu Beekamuu akka Qabu

Eessattan talaallii fudhachuu danda'a?

Akkamittan beellama qabadha?

Ogeessa fayyaa keessan	Ogeessa fayyaa keessanitti bilbilaa yookin karaa marsaa intarneetii beellama qabadhaa
Kilinikoota talaallin namoota hedduuf itti kennamu	Marsariitii keenya ilaalaa: **vaccinelocator.doh.wa.gov/** Yookin 1-800-525-0127 tti bilbilaa, sana booda # gadi qabaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.
Faarmaasiwwan naannoo	
Kilinikoota yeroo gabaabaf tajaajilan yookin kan uummataa	Inni garaa gara. Waa'ee kilinikichaa hiriyaa yookin miseensa hawaasaa irraa dhageessan ta'a. Akkamitti akka galmaa'an isaan gaafdhaa.

Beellama kiyyaaf maal fidee dhufuun qaba?

Kanneen armaan gadii gaafatamuu dandeess, garuu itti kennuu hin qabdan:

- waraqaa eenyummaa
- kaardii inshuraansii
- lakkoofsa nageenya hawaasaa (social securiyu number)

Talaallicha argachuudhaf dirqama lammii U.S. ta'uun isin irra hin jiraatu. Sadarkaa godaansaa keessanii isin hin gaafatan.

Odeeffannon dhuunfaa hojii fayyaa hawaasaa qofaaf fayidaarra oola.

Talaallichi hangam nama kaffalchiisa?

Baasii tokko malee talaallii argattu. Kaffaluu hin qabdan yookin nagahee kaffaltii fudhachuu hin qabdan.

Talalliin marsaa lammaffaa na barbaachisaa?

Talaalliwwan tokko tokko marsaa lamaan fudhatamu. Guutummaatti dhibee isin irraa ittisuuf erga guutummaatti talaallii fudhattanii naannoo torban lamaa booda. Namoonni tokko tokko doozii dandeettii dhibee ittisuu dabalu barbaaduu ni malu.

Pfizer-BioNTech	dooziwwan 2, garaa garummaa guyyoota 21 tin
Moderna	dooziwwan 2, garaa garummaa guyyoota 28 tin
Johnson & Johnson	doozii 1

Odeeffannoo dabalataaf

Ilaalaa: COVIDVaccineWA.org yookin DOH.WA.GOV/Coronavirus

Bilbilaa: 1-800-525-0127, sana booda # gadi qabaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Fayidaa isaatiin alatti rakkoolee maalii qaba?

Miidhan gara biraa (side effects) isin mudachuu mala.

Qaama keessan hundumaa irratti Dadhabbii:

- Dadhabbii
- Mataa bowwoo
- Dhukkubbii maashaa
- Dhaamochiisuu
- Qaama gubaa
- Haqqee

Irree bakka lilmoo waraannattan:

- Dhukkubbii
- Diimachuu
- Dhiita'auu

Talaalliwwan marsaa lamaan fudhataman ilaalchisee marsaa lammaffaa booda miidhawwan gara biraa (side effects) cimaa ta'e mudachuu danda'a.

Mallattoon alarjikii yoo isin irratti mul'ate 911 tti bilbilaa. Miidhawwan gara biraa gabaasuf (side effects) V-safe dhaaf galmaa'uu ni dandeessu: **vsafe.cdc.gov**.

Talaallin tokko kan biroo irra ni caalaa?

Nuti talaallii Johnson & Johnson (J&J) yeroo tokkotti fudhatamu caalaa talaallii COVID-19 mRNA (Pfizer-BioNTech ykn Moderna) akka filatan gorsina.

Haa ta'u malee yoo isin fudhachuu barbaaddan talaalliin J&J ammas ni jira. Waa'ee filannoowwan keessanii ogeessa fayyaa keessan waliin mari'adhaa.

Maal hojjata talaallin COVID-19?

Talaallin COVID-19 qaamni keessan dhibee akka ofirraa ittisuu fi hin dhukkubsanne shaakalchiisa.

Talaalliwwan kun naga qabeessaa?

Eeyyee. Talaalliwwan hundinuu **namoota kumaatama heddu** irratti kan ilaalameedha.

Namoota sanyii/gosti isaanii garaa gara ta'ee fi namoota rakkoolee fayyaa kanneen akka furdina, dhibee sukkaaraa, dhibee onnee, dhibee tiruu fi HIV qaban irrattis rakkoo akka hin finne mirkanaa'era.

Nageenyan wal qabatee rakkoon akka hin mudanne mirkaneessuf jecha Department of Health (Muummen Fayyaa) yeroo mara nageenya gabaasaa ni ilaala.

Talaallii maalifan dirqama fudhachuu qaba?

Talaallii fudhachuun bakka hojiitti nageenyi keessan eegamee akka deemtan akkasumas hiriyoota fi maatii keessan waliin yaaddoo malee akka wal faana taatan isin gargaara.

Sababa COVID-19 tiin carraan baay'ee dhukkubsachuu, hospitaala ciisuu yookin du'uu keessan baay'ee xiqqaadha.

Washington State Department of Health

DOH 348-804 December 2021 Oromo

Dookumentii kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.